# Daa'ima keessaniif qorannoon liidii ni barbaachisa?

## Daa'imni keessan . . .

| Eyyee | Lakki | |
|---|---|---|
| ◯ | ◯ | mana bara 1978 dura ijaarame, keessumaa kan dhiheenya suphame keessa jiraattu yookiin irra deddeebiin dawwattu? |
| ◯ | ◯ | obboleeyyan yookiin hiriyaa hammi liidiin dhiigaa olka’e qabdu? |
| ◯ | ◯ | maatii yookiin kunuunsituu hojii isaanii irrattis ta’e hojii bohaartii isaanii irratti liidii wajjiin hojjetan qabdu? |
| ◯ | ◯ | biyya U.S. ala taate keessa dhuftani? |
| ◯ | ◯ | qoricha aadaa yookiin meeshaalee miidhaginaa kan akka Gireeta, Azakiroon yookiin Kolii fayyadamtuu? |
| ◯ | ◯ | Apple Health/Medicaid qabduu? |

Gaaffiiwwan kana keessaa tokkoof **EEYYE** yoo deebistan yookiin daa'imni keessan liidii waliin wal qunnamtii qaba jettanii yoo yaaddaan, **mucaan keessan qorannoo dhiigaa liidii barbaada.**

Kaardii armaan gadii kana kutaatii daawwannaa daa'ima keessan isa dhufuuf doktora daa'ima keessanitti kenna. Yoo daa’imni keessan inshuraansii Apple Health qabaate, gaaffii biroof **LAKKI** yoo deebistan illee, qorannoo isaanii kan baasii malee godhamu fayyadamaa.

## My child needs a blood lead test.

Provider: A lead risk factor questionnaire identified this child as having one or more risk factors for lead exposure.

Federal law mandates that all children enrolled in Medicaid are required to get blood lead tests at ages 12 and 24 months.

For more information, **visit doh.wa.gov/lead**.

## Daa’imman summii liidiin akka qabamaniif maaltu sababa ta'u danda'a?

Karaa baay’inaan liidiin daa’ima keessan qabu danda’u halluu mana dulloomaa irraati. Haalluun yeroo harca'u yookiin awwara'u balaa qabaachuu danda’a. Daa’imman awwara liidiitiin hafuura baafachuu yookiin liqimsuu danda’u. Awwara balleessuuf harka daa’immanii fi meeshaalee taphaa yeroo yeroodhaan dhiqaa.

## Wantoota naannoo manaa jiran liidii qabaachuu danda'u:

- Chiipsii halluu durii fi awwaraa
- Hojii suphee harkaan hojjetame
- Biyyee fi Kosii
- Mi'eessituuwwan biyya alaatii galfaman
- Meeshaalee taphaa fi faaya
- Bishaan

## Mucaan keessan qorannoo liidii maaliif qoratamuu qaba?

Yoo liidiin daa’imni keessa qabame, sammuu fi tiruu irratti miidhaa geessisuu danda’a, akkasumas barachuu, xiyyeeffannaa kennuu fi amala sirrii qabaachuun akka isaan rakkisu gochuu danda’a. Liidii xiqqaan illee daa’ima keessan miidhuu waan danda’uuf, daa’imni keessan qoratamuu fi dhiisuu isaa baruun barbaachisaadha.

## Mallattoowwan summii liidiin qabamuu maal fa’idha?

Ijoolleen summii liidiin qabaman baay’een isaanii dhukkubsataa hin fakkaatan. Qorannoon dhiigaa daa’imni keessan liidiif saaxilamuu isaa adda baasuu qofaaf kan gargaarudha.

## Mucaan keessan summii liidiin yoo qabame maaltu ta’a?

Muummeen fayyaa yookiin abbaan taayitaa fayyaa naannoo keessanii madda liidii barbaaduu fi balleessuuf isin gargaaruu danda’a. Maatiin keessan fayyaa daa’ima keessanii deeggaruuf qabeenya kanneen akka tajaajila soorataa wajjin walqabatee jiraachuu danda’a.

## Summii Liidii Ijoollummaa Sagantaa Ittisaa

Odeeffannoo dabalataa waa’ee liidii fi balaa liidii naannoo keessan jiru beekuuf gara **doh.wa.gov/lead** deemaa yookiin 1-800-909-9898 bilbila.

Washington State Department of HEALTH

**DOH 334-141 May 2025 Oromo**

Galmee kana bifa biraatiin gaafachuuf 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maamiltoota dhagahuu hin dandeenye ykn rakkoo dhagahuu kan qabdan yoo taatan, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa ykn doh.information@doh.wa.gov. irratti imeelii ergaa.